Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 1ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

1.Dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu

Dandeettiiwwan kun dandeettiiwwan afaanii keessaa isaan tokko ta'anii kan addaan bahuu hindandeenyedha. Dhalli namaa dandeettiiwwan kana lamaan osoo mana barumsaa hindeemiin kan naannootti maatii isaaniifi hawaasa keessa jiraatan irraa horatanidha. Isaanis, dhaggeeffachuun karaa odeeffannoo fudhatan yoo ta'u, dubbachuun immoo karaa odeeffannoo ittiin kennanidha. Dandeettiiwwan kana mana barumsaattis gabbifachuuf gochawwan akka: hasawaa, mariifi falmiin gahee qabu. Kanaaf mana barumsatti barattoonni shaakalliiwwan akkasii shaakalsiifamu.

Shaakala 1

- **Dhimma vaayrasii koroonaa irratti maatii keessan waliin marii gabaabaa taasisaa.**
- **Oduu durii maatii keessan gaafachuun seeraan dhaggeeffachuun irra deebi'uun matii keessanitti himaa.**
- ***Maatiin barattootaas deeggarsa taasisaa.***

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 2ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

2.Dandeettii barreessuufi dubbisuu

- Dandeettiiwwan kun immoo mana barumsaatti kan gonfatamudha. Sababni isaas, barreessuufi dubbisuuf mallattoo ittiin barreessaniifi dubbisan barbaada.Mallattoon kunis qubee jedhama.Qubeen kunis bakka gurguddaa lamatti qoodama.Isaanis, qubee dubbachiiftuufi dubbifamaadha.Qubeewwan kanatu waliin ta’uun sagalee uuma; sagaleen immoo waliin hiriiruun jecha ijaara.Jechoota kanatu barreeffamee dubbifama jechuudha.Barreessuun yaada namaa tokkoo mallattoowwan qubee akka seera afaan sanaatti fayyadamuun waraqaarras ta’e, waan barbaadan irra kaa’uudha.Akka Afaan Oromootti sagaleedhaa kaasee hanga barreeffama bal’aatti seera ittiin barreeffamu qaba

- Fakkeenyaaf, gabaabinaafi dheerina sagalee, laafinaafi jabina sagalee, irra butadha. Isaan kun immoo yemmuu dubbataman sagaleedhaan yommuu barreeffamaniifi dubbisaman qubeedhaan adda bahu jechuudha

Sagalee dheeraafi gabaabaa

Gabaabinniifi dheerinni sagalee qubee dubbachiiftuu irratti hundaa'a.yoo dubbachiiftuun tokko ta'e sagalee gabaabaatu uumama. Yoo dubbachiiftuun lama ta'e immoo sagalee dheeraatu uumama jechuudha.

Fkn.

Sagalee gabaabaa	**Sagalee dheeraa**
• Laga	Laagaa
• Lafa	Laafaa
• Gara	Gaara
• Ala	aalaa

Sagalee laafaafi jabaa

- **Laafinniifi jabinni sagalee immoo qubee dubbifamaa irratti xiyyeeffata.Qubeen dubbifamaan jecha tokko keeesatti tokko yoo ta’e sagalee laafaa yoo ta’u, dubbifamaan gosni tokko lama ta’ee walitti aanee yoo dhufe immoo sagalee jabaatu uumama.**

Fakkeenyaaf,

Sagalee Laafaa	**Sagalee Jabaa**
• Soda	Soddaa
• Bira	Birraa
• Booka	Bokkaa

- Gabaabumatti, jechoota yommuu barreessinu bakka dheerachuu qabutti yoo gabaabsine ykn isa gabaabachuu qabu immoo yoo dheeressine, akkasumas isa laafaa jabeessuun, isaa jabaa immoo laaffisanii barreessuun hiika jijjiira ykn hiika dhabeessa ta’a.kannaaf barreeffama Afaan Oromoo keessatti qubee tokko irraa hambisuun ykn itti dabaluun hiika isaa irratti dhiibbaa waan qabuuf ofeeggannoo cimaa gochuu qabna.

Sagalee irra buta

Sagalee irra buta kan jedhamu qubeen dubbifamaa gosa adda addaa walitti aanee yoo dhufe sagalee uumamudha. Kanaaf, irra butnis qubee dubbifamaa iratti hundaa'a.

Fakkeenyaaf,ji**lb**a,a**rb**a, sa**ng**aa,qa**lb**ii, ji**rb**ii, sa**nd**uuqafi kkf

Hub. Yeroo dubbisnu waan lamairratti xiyyeeffachuu qabna.Inni tokkoffaan haala qubeewwan waliin ta'uun sagalee isaan bakka bu'an adda baasuun sagaleessuu ykn dubbisuufi.Innilammaffaan immoo ergaa dubbisichaa addaan baasaa deemuun hubachuudha

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 3ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

3.Hiika jechotaa

Kaayyoo,Yaada hiika jechootaa jalatti ka'an erga dubbisanii booda:

- *Maalummaa jechaa nihimu.*
- *Hiika jechaa kallattiifi hiika galumsaa adda baasuun ni ibsu.*
- *Faallaa jechootaa nihimu.*
- *Jechoota kennaman duraaduuba qubee eeguun ni barreessu.*

Jecha jechuun sagaleewwan waliin qindaa'uun kan ijaaramuufi waan tokko bakka bu'uun kan ibsudha. Jechi tokko akkaataa dubbataa hawaasa sanaattiwaan bakka bu'ee beekamu qaba.Tokkoon tokkoo jechootaa hiika mataa isaanii qabu.Hiikni jehaa kunis kallattii adda addaan ilaalamuu danda'a.Isaani,

1.Hiika kallattii

2.Hiika galumsaa

3.Hiika dubbii

Akaakuwwan hiikaa armaan oliitti eeraman keessaa hiika kallattiifi hiika galumsaa bal'inaan ilaaluuf yaalla

3.1 Hiika kallattii/ hiika sirrii (Direct meaning

Hiika sirrii jechuun jechi tokko moggaasa jalqaba waan tokko bakka bu'ee ittiin beekame kan namni hundi irratti walii galuufi hiika inni guuboo jechaa irraa qabudha.

Fakeenya

Hoolaa = beeylada manaa kan luka afur qabduufi foon ishee nyaatamu namatti mul'isa.

Nama = miila lamaafi harka lama kan qabufi yaaduu danda'u.

Saree =kan luka afur qabduufi mana eegdu bakka bu'a. Hiikni jechootaa haala kanaan kennamu hiika siirrii yookiin hiika kallattii jedhamuun beekamu

Shaakala 2

A.Jechoota armaan gadiif hiika sirri isaanii kenni.

1.Waxale

2.Munyuuquu

3.Lukkuu

4.Waraabessa

Dabalataan gilgaalota kitaaba keessan irratti:(Fuula, Boqonnaa, Gilgaala), (63,14,3), (84,19,3) keennaman ilaaluu dandeessu.

Gabaabumatti, jechi tokko moggaasa jalqabaan waanuma tokko qofa bakka bu’a.Jechoonni hiikaan walgitanis nijiru. Isaan kun immoo jechoota adda addaa ta’anii garuu waan tokko yookiin gocha tokko kanneen bakka bu’anidha. Jechoonni akkaasii waanti ykn gochi tokko bakka garaagaraatti moggaasa adda addaa qabaachuun kan uumamudha.

Fkn.

- buphaa = killee
- Dalaguu = hojjechuu
- Fiiguu= arreeduu= kaachuu
- Beekaa = hayyuufi k.k.f

B. Jechoota armaan gadiitti “A” jalatti kennaamaniif akkaataa hiikaan walgitaniin kanneen “B” jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

“A”	**“B”**
• Quxusuu	A. Siqi
• Nyaata	B. Qomoo
• Dabeessa	C. Lugna
• Kala’i	D. Xumure
• Fixe	E. Maan’aa
• F. Soorata	

- Shaakala dabalataa kitaaba keessaan irraa (F=76,B=16,G=3)

3.2 Hiika galumsaa (Contextual meaning)

Jechi tokko akkaataa jechoota biroo waliin hiriiree galu irratti hundaa'uun hiika adda addaa qabaachuu danda'a. Hiikni akkasii kun immoo hiika akkaata galumsaan jedhamuun beekama. Kanaafuu, hiikni galumsaa kun hiika sirrii irraa adda ta'a jechuudha.

Fkn. **Tume** = hiikni jecha kanaa inni kallattiin/ sirriin waan tokko mooyyeetti naquun caccabsuu ykn bulleessuu kan jedhu bakka bu'a ykn hiika. Jechuma kana akkaataa galumsaan hiika inni qabu fakkeenya armaan gadiin haa ilaallu

- Obbo Tolasaan korma **tume**. Kolaase, sangoomse kan jedhu ta’a.
- Poolisiin hattuu qabuun **tume**. Reebe
- Koreen mana barumsaa seera keessoo **tume**. Seera baase.
- Fakkeenya armaan oliirraa waanti hubatamu, jechoonni haalaafi bakka jiran irraatti hundaa’uun hiika garaagaraa kennu.“Jechi tokko hiikaan dhibba tokko”,kan jedhamus kanuma bu’uureffachuuni

C. Himoota Armaan Gadii Keessatti Jechoota Jala Sararamniif Akaataa Galumsa Isaaniin Hiika Isaani Kenni.

1. Namni waan argate altakkaatti fixuurraa waa **suqqachuun** barbaachisaadha.
2. Obbo Quubsaan gaabii bituuf dhundhumaan **dhahe**.
3. Waanti lafarra **munyuuqu** hundi lubbuu qaba.
4. Lolaan bara kana nama baay'ee **nyaate**.
5. Caaltuun mana barumsaatti natti **aantee** teessi.
6. Obsaan qottoo **tume**.

Shaakala dabalataaf kitaaba keessan, fuula 61, 69, 80, 91, 98 irra kan jiru ilaaluun gabbifadhaa.

Walumaagalatti, jechoonni kallattii adda addaan hiikaamuun hiika garaagaraa kennu.Isaanis, Hiika sirrii yookiin hiika kallattii, Hiika galumsaafiHiika dubbii jedhamuun beekamu

3.3.Hiika Faallaa (Opposite word/Antonym

Jechoonni hiika sirrii akkuma qaban hiika faallaas niqabu.Hiikni faallaa fuggisoo jecha kennamee sanaayookiin walitti dhufeenya jechootaa walmorkatan lama gidduu jiru jechuudha.

Fakkeenyaaf,

1.Halkan = guyyaa

2.Dheeraa = gabaabaa

3.Lubbuu qabeeyyii = lubbuu maleeyyii

4.Argate = dhabe k.k.f

Faallaa jechootaa kallaattii adda addaan ilaaluun kennuun ni danda'am

Shaakala 3

Jechoota armaan gadiif Faallaa isaanii barreessi.

1.Miidhuu

2.Dhokse

3.Dukkanaa’e

4.Maan’aa

5.Arjaa

6.Fagoo

Hub.Akkaataa galumsa jechaa irratti hundaa’unis faallaa isaa kannuun nidanda’ama

3.4 Duraa duuba jechaa (Arrenging words alphabeticaly

- Jechoonni sagalee irraa ijaaramu.Sagaleen immoo qubeewwan irraa uumama. Qubeewwan kun tartiiba dhaabbataa ta'e A-Ztti qabu. Kanuma bu'uura godhachuun jechoota tartiibessuun nidanda'ama. Kanaaf, jechoota akkaataa kuusaa jechootaatti tartiibessuuf, jechoota kennaman jalqaba qubee jecha sanaa ilaaluun akkaataa tartiiba qubee A-Z jiraniin walbira qabnee ilaaluun tartiibessina. Yoo qubeen isaa kan walfakkaatu ta'e, kan ittii aanee jiru waliin waldorgomsiifna. Haala kanaan hanga dhumaatti ilaaluun adda baasnee barreessuu jechuudha.

Faayidaan isaa, jechoota kuusaa jechootaa keessaa haala salphaan akka dafnee bira geenyuuf nugargaara.

Fkn.

Jechoota armaan gadii haala duraa duuba kuusaa jechaan kaa'i.

- Dhukkuba
- Nama
- Baala
- Harka
- Naannoo

- Jechoota armaan olii jalqaba isaanii yoo ilalle, (D, N, B, H, fi N)dha. Akkaataa tartiiba qubeedhaan yoo ilaalle (B, D, H, N,N) yoo ta’u, kan jalqaba dhufe qubee “B”dha. Kanaaf jechi ‘Baala’ jedhu jalqabarra dhufa.Jechoota **Nama**fi **Naannoo** jedhan yoo ilaallee qubeen jalqabaafi itti aanee jiru tokkodha.Kanaaf qubee itti aanee jiru ilaalla jechuudha.Qubeen itti aanee jiru immoo ‘m’fi ‘a’ waan ta’eef qubee ‘a’tu dursa.Haaluma kanaan jecha naannoo jedhutu dursa.

Kanaaf, tartiibni sirriin jechoota armaan olii

- Baala
- Dhukkuba
- Harka
- Naannoo
- Nama

Shaakala 4

Jechoota armaan gadii duraa duuba qubeen sirreessuun kaa'i.

1.Booka
2.Bokkaa
3.Aadaa
4.Barbaachisummaa
5.Seera
6.Sirba
7.Sabboonaa
8.Barbaadame
9.Yaalii
10Yaada

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 4ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

4.Garee jechootaa(parts of speech)

Jechoonni Afaan Oromoo akkaataa galmaafi unka iratti hundaa'uun gareewwan shanitti qoodamu.

Isaanis, **Maqaa, Maqibsii, Xumura/Gochima, Xumibsiifi Durduubeedha**

A.Maqaa (Noun)

Maqaa jechuun ittiin waamama namaa, bakkaa, waantotaafi kkfti.

Fkn. Dursaa, Finfinnee, ejersa, sangaa, ……

Gosoota maqaa adda addaatu jira. Isaanis,

- **Maqaa dhuunfaa**, maqaan dhuunfaa namni ykn waanti tokko dhuunfaan kan ittiin wamamudha.

Fkn. Sanyii, Adaamaa, Caalaa, …..

- **Maqaa waloo/ gamtaa**, kun immoo wantoonni amala walfakkaatu qaban bakka hundatti kan ittiin beekamanidha.

  Fkn. Saree, nama , hoolaa, muka, biyya, ……..

- **Maqaalee dimshaashaa**jechuun wantoonni adda addaa bakka tokkotti kan ittiin waamamanidha.

Fkn. Uummata, beeylada, koree, bineensa, horii, …..

- **Maqaalee meeshaa**, maqaa meeshaa jechuun meeshaaleen adda addaa kan ittiin waamamanidha.

Fkn. Barcuma, siree, wadaroo, qabee, …….

Maqaa killayyaa kan jedhaman immoo maqaa gocha ykn ta’umsa ijaan hinmul’ane kan agarsiisudha.

Fkn. Bilisummaa, gowwummaa, hiyyummaa, …….

B.Maqibsii / ibsa maqaa(Adjective)

Maqibsiin jechoota maqaa booda galuun waa’ee maqaa sanaa kallattii adda addaan ibsanidha.

Fkn.

- Inni muka **guddaa** jala taa’a.
- Farda **adii** bite.
- Biqilaan kaleessahoolota **sadii** gurgure.
- Barattoonni **baay’een** hindhufne.

Hub.Maqaan maqibsii ta’uu danda’a.

Fkn.

- Siree sibiilaa
- Buna wallaggaa
- Bidden xaafii

C.Xumura / gochima (verb)

Xumurri hima tokko keessatti gocha raawwatamu kan agarsiisudha.

Fkn. Deeme, nyaate, kute, bite, qale, ari’e, reebe, …….

Xumurri mathima mul’isuu danda’a.Sababni isaas, xumurri qeenxeen mathima qeenxee, danuun matima danuu fudhata waan ta’eefi.

Fkn. **Deeme**kan jedhuuf matimni isaa **Inni** kan jedhu ta’a. **deeman** kan jedhuuf imoo **isaan**kan jedhutu bakka bu’a**.**

D.Xumibsii /gochibsa (adverb)

Xumibsiin hima tokko keessatti xumura dura dhufuudhaan akkaata gochi sun itti xumurame ibsa.

Fkn.

- Duurettiin **figichaan** dhufte.
- Boonaan **suuta** barreessa.
- Kuuliin mana **keessa** teessi.

E.Durduubee/ firoomsee (preposition)

Durduubee kan jedhaman jechoota maqaaduraafi duuba galuun tajaajila xumibsii bakkaa, yeroo, sababaafi kan kana fakkaatan ibsuu danda’anidha.

Fkn. Akka, waan, gara, irra, itti, …..

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 5ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

5.Gaalee (phrase)

Gaaleen jecha ykn garee jechootaa hojii tokko agarsiisu ykn hiika yaadrimee tokko kan nuuf kennudha.

Fknf. Muka guddaa, ulee qal’aa, gurbaa dheeraa, mana citaa, suuta taa’e, magaala gabaabduu, …

Gaaleen jechoonni waliin ta’uun yaada tokko yommuu ibsan, jechoota sana keessaa kan bu’uura ykn mataa ta’uu danda’u sana irratti hundaa’uun gaaleen bakka afuritti qoodama.

Isaanis,

- Gaalee maqaa
- Gaalee maqibsii
- Gaalee xumuraafi
- Gaalee durduubeeti
- **Gaalee maqaa kan jennu gaalee sana keessaa mataanykn kan hafuu hindandeenye maqaa yoo ta’edha.**

Fkn.

- Bookaan **xaafii diimaa** bite.
- Urjiin **kitaaba herregaa** gate.
- Taliileen **uffata dheeraa** jalatti.
- **Gaalee xumuraa keessatti immoo mataan gaalee xumuradha**

Fkn.

- Beenyaan **sangaa qale.**
- Margaan **mana barumsaa deeme.**
- Kumeen **hoolaa goromtii bitte.**
- **Gaalee maqibsii gaalee kana keessatti immoo mataan maqibsiidha.**

Fkn.

- Sangichi **baay’ee furdatee** gatii baase.
- Siddiseen **magaala bareedduudha.**
- Tolaan **akka abbaa isaa cimaadha.**
- **Gaalee durduubee keessatti mataan durduubeedha**

Ciroo (clause)

Fkn.

- Baacaan **fardaan** dhufe.
- Obsaan **mukatti** ofbuuse.
- Jaldeessichi **dhagaa irra** taa’ee hooqqata.

Shaakala 5

Himoota armaan gadii keessatti kan gurraacha’an gaalee maalii akka ta’an himi.

1. Roobaan **farda kormaa** bite.
2. Soressaan **minjaala cabse**.
3. Furiin **dabtara irratti** barreesse.
4. Intala **diimtuuqal’oo** kaadhimmate.
5. Inni **sangaa diimaa** qaba.
6. Isheen **garbuu biqilaa** bitte.

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 6ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

6.Ciroo (clause)

Ciroon tuuta jechootaa kan matimaafi xumura qabanidha. Haa ta’u malee ergaa guutuu dabarsuufi dabarsuu dhiisuu danda’u.kanaafuu ciroon bakka lamatti qoodama.

Isaanis,

- Ciroo ofdanda’aafi
- Ciroo hirkataa jedhamu

- **Ciroo ofdanda’aa**kan jedhamu qofaa isaa ofdanda’ee dhaabbachuun ergaa guutuu dabarsuu danda’a. kanaaf, ciroo ofdanda’aa hima jechuun nidanda’ama.
- **Ciroo hirkataa** kan jedhamu immoo ofdanda’ee ergaa guutuu mataa isaa dabarsuu kan hindandeenyedha.Ciroo hirkataan ergaa guutuu dabarsuuf ciroo ofdanda’aatti hirkachuu qaba.

Fakkeenya,

Inni waan ariitiin fiigeef, kufee cabe. Hima kana keessatti ciroo ofdanda’aafi hirkataatu argama.**Inni waan ariitiin fiigeef** kan jedhu ciroo hirkataadha. **kufee cabe.** Kan jedhu immoo ciroo ofdanda’aadha.

Ibsaan waan sirriitti qo’ateef, tokkoffaa bahe. Ciroo irkataa = **Ibsaan waan sirriitti qo’ateef**ciroo ofdanda’aa = **tokkoffaa bahe.**

Shaakala 6

Haaluma armaan oliitti ilaalteen himoota armaan gadii keessaa ciroo ofdanda'aafi hirkataa addaan baasi.

1.Caaltuun waan mucucaattee kufteef, mana yaalaa deemte.

2.Yoo jabaatanii hojjetan malee, guddinni hinjiru.

3.Yoo beelofte, daabboo nyaadhu.

4.Isheen badii ishee waan bektuuf, mana baqatti

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 7ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

7.Hima (Sentence)

Kaayyoo, Barattoonni yaadannoo armaan gadii erga dubbisanii booda:

- *Maalummaa himaa ni ibsu.*
- *Jechoota kennamaniin hima ijaaru*
- *Ijaarama caasaa himaa ni ibsu.*
- *Gosoota himaa tajaajilaafi caasaan jiran adda baasuun himu.*

Himni tuuta jechootaa seera afaan sanaa eeguun qinda’ee ergaa guutuufi kan hawaasa afaan sana dubbatu biratti fudhatama qabudha. Kana jechuun , tuutni jechoota hima ijaaranii:

- Qindoomina qabaachuu qabu.
- Ergaa guutuu kan dabarsan ta’uu qabu. Kanaaf, sirna tuqaalee dhuma himaarra galaniin xumuramuu qaba.
- Kan hawaasa sana biratti fudhatama qabu ta’uu qaba
- Matimaafi xumura qabaachu qaba

Akka Afaan Oromoottii ijaaramni caasaa hima haala armaan gadiin ta’a.

Innis, Matima + Antima + Xumura

A.Matima/ Gulummoo/ Raawwataa (Subject)

Matimni, hima ijaarame tokko keessatti kan gocha raawwate yookiin waa'een isaa dubbatamedha.

Fakkeenyaaf,**Iftuun** kitaaba dubbisti.

Tolaan amala gaarii qaba.

Hima 1ffaakeessatti raawwattuun gocha kanaa Iftuu waan taateef **Iftuun** kan jedhu matima himichaati. Hima 2ffaa keessatti immoo kan waa'een isaa dubbatamu Tolaa waan ta'eef matimni **Tolaa** kan jedhu ta'a.

B.Antima/ Raawwatamaa (Object)

Hima tokko keessatti kan gochi irratti raawwate antima jedhamuun beekama. Fakkeenyaaf, hima Iftuun **kitaaba** dubbisti. Hima kan keessatti antimni hima kanaa immoo **kitaaba**kan jedhu ta’a.

C.Xumura/ Gochima (Verb)

Xumura jechuun taatee matimni antimarratti raawwatudha yookiin hojii hojjetamu keessatti xumuramuu kan agarsiisudha.

Fkn.Qabbaneen sa'a **elmite**.

Firaa'ol qalbii **qaba**.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni **elmite**fi **qaba**kan jedhu immoo gochima ykn xumura himichaati.

Haaluma kanaan, yoo jechoonni walkeesa makamuun nuuf kennaman haala armaan oliitti ilaalleen qindeessinee barreessuu qabna.

Fakkeenyaaf, **deemte Obsineet gabaa**qindoominni jechoota kanaa akka afaan Oromootti sirri miti.Kanaafuu, yeroo qindaa’ee barreeffamu **Obsineet gabaa deemte.**Kan jedhu ta’a.

Shaakala 7

Duraa duuba jechoota armaan gaditti kennamanakka seera Afaan Oromootti sirreessii hima sirrii ta’e barreessi.

1. Nyaataaf qullubbii duwwaa adiin miti kan oolu.
2. Hoolaa Inni korbeessa bite.
3. Fageenya koroonaa dhukkuba vaayirasii keenya haaittisnu eeguun ofirraa!
4. Tolaan ka’ee isaa farda fe’atee ganamaan deeme karaa.
5. dandeessaavaayrasii Karaa dhukkubni koroonaa dadddarbuu himuu danda’u?
6. *Shaakala dabalataaf kitaaba keessan fuula 77, gil. 4*

7.1.Gosoota Himaa (kinds of sentences)

Himni akka Afaan Oromootti ulaagaa adda addaa lamarratti hundaa'uun bakka garaagaratti qoodamu.

A.Gosoota himaa tajaajilaan

Taajaajila isaanii irratti hundaa'uun himoonni bakka gurguddaa afurti qoodamu.

1.Hima himamsaa (Stetments)

2.Hima gaaffii (Introgative sentence)

3.Hima ajajaafi (Command)

4.Hima raajeffannooti.((Exclamation)

Himni tajaajila irratti hundaa’uun bakka afuritti qoodaman kana kutaa 6fi 7 keessatti gadi fageenyan akka barattan nan abdadha. Yaadachuudhaaf gabaabinaan haa ilaallu.

- **Hima himamsaa** jechuun hima ta’insa, jijjiirama, bakka waan tokko itti argamufi hubannoo qabnu ibsuuf kan gargaarudha.

Fknf.- *Barnoonni bu’uura waan hundaati.*

- *Barattoonni mana taa’anii kalattii adda addaan barachaa jiru.*

Hub. Himni himamsaa/ addeessaa sirnoota tuqaalee jiran keessaa mallattoo tuqaadhaan

xumurama.

- **Hima gaaffiihimni** gaaffii akaakuu himaa keessaa isa tokko ta’ee, hima deebii barbaadudha. Kanaafuu, dhuma hima kanaatti mallattoo gaaffii fayyadamna.

Fkn.- *Barsiisonniifi barattoonni qaamaan yoom walarguu?*

-*Qorumsi yoom kennama?*

- **Hima ajajaa:** himni ajajaa hima ergaa bifa ajajaatiin darbu ittiin ibsinudha.Himni ajajaa akkaataa dubbatamurratti hundaa’uun mallattoo raajeffannoo fudhachuu danda’a.

Fkn.

Barattoonni hundi mana taa’uun kitaaba keessan dubbisaa.

Harka keessaniin ija,funyaaniifi afaan keessan hinxuqiinaa.

Ka’i! balbala bani.

- **Hima raajeffannoo:** himni raajeffannoo hima waan tokkogaddaanis ta’e gammachuun dinqisiiffachuu ykn raajeffachuu ibsuuf itti fayyadamnudha.

Fkn.-*Uggum! Ani dhukkuba akkasii hinargine.*

- *Intalittiin akkam bareeddi!*

Shaakala 8

- **Gosoota himaa tajaajilaan bakka afuritti qooduun armaan oliitti ilaallee bu’uureffachuun fakkeenya lama lama barreessa.**

B.Gosoota himaa caasaadhaan/ unkaan

Himni caasaa yookiin caasaa isaa irratti hundaa'uun bakka gurguddaa afuritti qoodama.

1.Hima salphaa (Simple sentence)

Himni salphaan hima xumura ykn gochima tokko qofa ofkeessaa qabudha.

Fkn.

*Cimdeessaan farda**qaba**.*

*Sanyiin bara dhufu kutaa sagalitti **darba**.*

2.Hima dacha (Compound sentence)

Himni dacha ciroo ofdanda'aa lamaafi lamaa ol kanofkeessaa qabudha. Karaa biraa himni dacha xumura lamaafi lamaa ol ofkeessaa qabudha.

Fkn.

- *Obseen bishaan waraabdee uffata miiccite.*
- *Hordofaan hoolaa qalee nyaate.*

Himoonni armaan oliitti ilaalle lamaan tokko tokkoon isaanii hima lama lama irraa ijaaramani.Kanaafuu, hima dachaa jedhamuun waamamu. Fknf. Inni jalqabaa

- Obseen bishaan waraabde.
- Obseen uffata miiccite. Kan jedhu irraa ijaarame.

Haaluma kanaan gaaffii kitaaba barattootaa fuula 77 gil. 5 irra jiru yaala.

3.Hima xaxamaa (Complex sentence)

Himni xaxamaan ciroo hirkataa tokkoofi ciroo ofdanda’aa tokkoofi isaa ol kan ofkeessaa qabudha.

Fkn.

- *Yoo gaaffii qabaattan, nagaaffadhaa.*
- *Yeroo kitaaba dubbiftu yaadannoo mataa kee qabadhu*

4.Hima dachaa xaxamaa (compound complex sentence)

Himni dachaa xaxamaan immoo ciroo hirkataa tokko oliifi ciroo ofdanda'aa tokkoofi tokkoo ol kan ofkeessaa qabudha.

Fkn.

- *Gaaffii yoo qabatteefi kan siif hingalle yoo jiraate, bilbilii nagaafadhu.*
- *Yeroo dubbisa dubbistuufi yeroo barreessitu, dheerachuufi gabaabachuu sagalee eeggadhu.*

Shaakala 9

Himoota armaan gadii dubbisuun gosoota himaa caasaa irratti hundaa'uun adda baasii.

a,Jalanneen gabaa deemte.

b,bCaaltuun ciree ishee nyaattee, qo'annaa eegalte.

C,Obbo Tolasaan re'ee, hoolaafi loon horsiisa.

d,Marsiimoy wallaggaa deemee deebi'e.

e,Namni hunduu yoo deemus, yoo taa'us waa'ee dhukkuba vaayrasii koroonaa dagachuu hinqabu.

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2^{ffaa} Lakk **8^{ffaa}**

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

8.Maqdhaala/ Bamaqaa/ Qooda maqaa (pronoun)

Akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti maqdhaalli jechoota akka maqaatti bakka maqaa dhaaluun tajaajilli maqaan kennu danda'u kanneen kennanidha.Maqdhaalli akka maqaa maxxantoota fudhachuun yookiin maxxanfachuun **danoomina hinagarsiisani**.Kanaafuu, maqdhaalli qeenxeefi danuun garaagaradha.

Faayidaan bamaqaalee irra deddeebii jechootaa hambisuuf nugargaara

Fkn.- **Eebbaan**nama kabajamaadha. Kanaaf, **inni** hawaasa keessatti ulfina guddaa qaba.

- **Siddiseen** karaa daddarbinsa vaayrasii koroonaa **Waaqoo**f ibsite.

- Siddiseen karaa daddarbinsa vaayrasii koroonaa **isa**af ibsite.

- **Ishee**n karaa daddarbinsa vaayrasii koroonaa Waaqoof ibsite.

- Siddiseefi **Waaqoon** hiriyyaa waliitti.**Isaan** lamaanuu bakka tokkoo hojjetu.

Himoota armaan olii keessatti, jechi **inni**jedhu **Eebbaa** bakka bu’a; **isa**kan jedhu immoo **Waaqoo** bakka bu’a; **Ishee** kan jedhu **Siddisee** bakka bu’a. **Isaan**kan jedhus, Siddiseefi Waaqoo bakka bu’a. kanaafuu, himoota armaan olii keessaatti jechoonni **inni, isa, isheef**i **isaan**jedhaman kun **maqdhaala / bamaqaa** jedhamu.

- Bamaqaan ramaddiidhaan bakka sadiitti qoodamu. Isaanis,
- Ramaddii 1ffaa
- Ramaddii 2ffaa
- Ramaddii 3ffaa
- **Ramaddii tokkoffaa**kan jennu nama tokko qofa ykn dubbataa qofa. Kana jechuun nama tokko ta'ee, ofiif kan haasa'u ykn dubbatu jechuudha.
- **Ramaddii lammaffaa**kun immoo qaama lama gidduutti ykn dubbataafi dhaggeeffataa giddutti waan raawaatuuf ramaddii 2ffaa jedhamuun moggaafame.
- **Ramaddii sadaffaa**kun qaama/namoota sadii gidduutti kan raawwatudha. Kana jechuun dubbataa, dhaggeeffataafi qaama/nama waa'een isaa dubbatamu waan qabuuf ramaddii 3ffaa jedhamuun moggaafame jechuudha

Bamaqaaleen qabeenya ykn abbummaa agarsiisanis jiru. Isaanis, kanneen akka:

- Koo/ kiyya
- Keenya
- Kee
- Kan isaa
- Kan ishee
- Kan isaa

Fakkeenyaaf himoota armaan gadii keessatti haa ilaallu.

a,Tulluun kitaaba **koo** fudhate.

b,Barattoonni mana **isaanii** taa’uun barachaa jiru.

c,Nuti biyya **keenya** eeguu qabna.

d,Dhukkuba hamaa kana irraa of ittisuuf fageenya **kee** eeggadhu.

Gabateen armaan gadii kun bamaqaalee akkaataa ramaddii isaaniin bakka **matimaa**fi **antimaatti** akkasumas **abbumaa ykn qabeenya** agarsiisuu danda'uun haala salphaa kan taa'edha.

Ramaddii	Bamaqaalee matimaa		Bamaqaalee Antimaa		Bamaqaalee qabeenyaa	
	qeenxee	danuu	qeenxee	Danuu	Qeenxee	danuu
1ffaa	Ani	Nuyi/nuti	Ana/na	Nu /nuun	Koo	keenya
2ffaa	Ati	Isin	Si /siin	Isin	Kee	Keessan
3ffaa	Inni Isheen	Isaan	Isa Ishee	Isaan	Kansaa/isaa Kanshee	Kan isaanii

Shaakala 12

Himoota armaan gadii keessatti maqdhaala bakka maqaa gurraacheffamanii galan barreessi.

Maarituun **Guutaa** waamte.

Tolaafi **Tolashiin** lakkuudha.

Iftuun seeraan kitaabashee dubbisuun qormaataaf qophaa'aa jirti.

Eebbiseen **Caaltuu** arrabsite.

Guutaan Maarituu jalaa owwaate.

B.Gabatee armaan olii irratti hundaa’uun haala gaafatamteen deebisi.

1.Maqdhaalli ramaddii sadaffaa qeexee matimarratti argamu kami?

2.Ramaddii tokkoffaa qeenxee kan ta’e kami? **(nuti, inni, isheen, ani)**

3.Ramaddii lammafaa qeenxee matimarratti argamu himi.

4.Bamaqaalee qabeenya agarsiisan sadii barreessi.

5.Ramaddii sadaffaa antimarratti argamu kami? **(nuti, isin, inni, isaan)**

Hub. Maqadhaalli barreeffama tokko keessatti jechi tokko irra deddebi’uun nuffii dubbisaarratti akka hinuumneef bakka jecha sanaa buusuun kan fayyadamnudha.

Haaluma kanaan jechoonni kanneen akka: **innis, kana, isaan**, **kun, ….**Kanneen jedhaman yaada dura ka’e irra deebinee barreessuurra jechoota kana fayyadamna.

Fakkeenyaaf, kitaaba keessan fuula 69 gil. 4 ilaala.

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 9ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

9.Sirna Tuqaalee (punctuation)

Sirni tuqaalee barreeffama keessatti mallattoo baay'ee barbaachisoofi murteessoo ta'anidha. Sirni tuqaalee barreeffama keessatti bakka sirrii ta'etti fayyadamuu baannaan hiika yaada irratti rakkoo uumuu danda'a.kana jechuun sirna tuqaa tokko baakka hinbarbaachisnetti yoo fayyadamne ergaan barbaadamu sun sirriitti akka hindarbine godha. Kanaafuu, barreeffama barreessinu keessatti sirna tuqaalee bakka sirrii ta'etti fayyadamuun murteessaadha.

Fknf.

1.Kutaa saddettaffaa keessaa barattoonni akka: **Biqilaa, Bultii, Hinseenee, Turaa**fi kannen biroos har'a mana barumsaa hindhufne. Hima kana keessatti sirna tuqaa qoodduu irratti hundaa'uun baay'inni barattoota maqaan tarreefamanii afur (4) ta'uu mul'isa.

2.Kutaa saddettaffaa keessaa barattoonni akka: **Biqilaa Bultii, Hinseenee Turaa**fi kannen biroos har'a mana barumsaa hindhufne. Hima kana keessatti immoobaay'inni barattoota maqaan tarreefamanii lama (2) ta'uu mul'isa. Kanaaf jijjiirama kana kan fide qoodduu**(,)** bakka adda addaatti fayyadamuudha.

Afaan Oromoo sirna tuqaalee garaagaraa qaba. Isaanis, bakka galan irratti hundaa'uun iddoo lamatti qoodamu.

Isaanis, warren dhumaa himaarratti argamaniifi hima keessatti galanidha.

9.1 Sirna tuqaalee dhuma himaa irratti galan

Sirna tuqaalee dhuma himaa irratti galan kanneen jedhaman:

- Tuqaa (.)
- Mallattoo gaaffii (?)
- Mallattoo rajeffannoo (!)

A.Tuqaa (.)

Himni tokko ergaa guutuu dabarsuu isaa agarsiisuuf dhumarratti mallattoo tuqaa keenya.

Fkn. Dhuma hima himamsaarratti galuudhaan yaadni sun xumuramuu agarsiisa.

- Eebbaan qo’achaa jira.
- Tolasheen buna danfisaa jirti
- Dhukkubni koroonaa walxuxuquun daddarba

Lakkoofsa dessimaaliin kaa’uuf gargaara.
Fkn.
5.3
52.3
Gabaajeefi kottonfachiistuu keessatti
Fkn.Gabaajee
Dhaabbata Fayyaa Addunyaa = DH.F.A
Biiroo Barnoota Oromiyaa = B.B.O
Fkn. Kottonfachiistuu
Yookiin = ykn.
Hubachiisa =Hub.
Fakkeenya = fkn.

Mata duree guddaafi xiqqaa addaan baasuuf

Fkn. 1 keeyyata

- Gosoota keeyyataa
- Amaloota keeyyataa

Fakkeenya armaan oliirraa akkuma hubannetti **keeyyata**kan jedhu mata duree guddaa yoo ta’u, gosoota keeyyataa kan jedhuufi amaloota keeyyataa kan jedhu immoo mata duree xixiqqaa ta’uu **1.1**fi **1.2** jechuun adda baasuun agarsiisa.

B.Mallattoo gaaffii (?)

Mallattoo kana yeroo baay'ee kan fayyadamnu yoo ta'u, dhuma hima gaaffii ta'etti ykn dhuma hima deebii barbaaduutti gala.

Fknf.

1.Mallattoo dhukkuba vaayrasii koroonaa beektaa?

2.Maqaan kee eenyuu?

3.Magaalli guddoon Oromiyaa eenyu jedhamti?

Kana malees, mallattoon gaaffii shakkii agarsiisuuf nigargaara.

Fkn. Seenaan waggaa 18(?) barana guutti.

C.Mallattoo raajeffannoo (!)

Mallattoon raajeffannoo hima dinqisiifannoofi ajaja dheekkamsa ofkeessaa qabu agarsiisuuf gala.

Fkn.

- Safuu! Akkam bareeddi.
- Uggum! Hojii waaqaaf
- Ishoo ilmakoo! Baga naadhufte.
- Ka’i balbala cufi!

9.2 Sirna tuqaalee hima keessa galuun tajaajilan

D.Qoodduu (,)

Qoodduun sirna tuqaa hima keessatti yeroo baay'ee fayyadamna.Isaanis, kanneen armaan gadiiti.

1.Hima keessatti jechoota walfakkaatan adda baasuuf gargaara.

Fkn. Obseen gabaa deemtee: **mosee, qullubbii adii, jinjibilafi soogidda** bitte.

2.Ciroo hirkataafi ofdanda'aa adda baasuuf

Fkn. Kumaan waan tokkoffaa baheef, kitaaba badhaafame.

3.Baraafi guyyaa addaan baasuuf

Fkn. Oliyaad Amajji 12, 2002 dhalate.

E.Qoodduu jabaa / buufata xiqqaa

Qoodduu jabaan himoota garaagaraa ofdanda'an ta'anii, yaadaan kan waliin deemaniifi caasaafi yeroon walmadaalan gidduu galuun walqabsiisa.

Fkn.Bokkaan roobuu danda'a; uffata dabaladhu.

Caalaan nibarreessa; Iftuun nidhaggeeffatti.

F.Tuqlamee (:)

Tuqlameen barreeffama keessatti dhimma barreessansana haala adda addaan ibsuuf kan itti aanee dhufu jiraachuu agarsiisa.

Fkn. Araarsoon ilmaan dhiiraa sadii qaba: Marsiimooy, Oliyaadiifi Ameen jedhamu.

Waan sadii kabaji: eenyummaakee, aadaakeefi afaankee.

Sa'aatiifi daqiiqaa addaan baasuuf

Fkn. 2:30

Lakkoofsa reeshoodhaan kaa'uuf

Fkn. 2:5, 1:1, ….

G.Mallattoo waraabbii (“”)

Mallattoon waraabbii yaada namni tokko dubbate akkuma jirutti yoo irra deebi’uun dubbannu kan fayyadamnudha.

Fkn.

“Waltuttuqqaa iraa ofeega”a jedhe, Ogeessi fayaa.

“Akkan beekun ofajjeesaa” jette, jaartiin gufuutti ofhiite.

Mallattoo waraabbii qeenxeenis nijira.Kun immoo jecha tokko xiyyeeffannoo kennamuufii qabuufi jecha afaan biroo akkuma jirutti afaan Oromoo keessatti yoofayyadamne mallattoo kana fayyadamna.

Fkn. Feenet ‘bargarii’ nyaachuu jaalatti.

Shaakala 10

I Himoota armaan gadii sirriitti dubbisuun sirna tuqaalee bakka barbaadamanitti galchi.

1.Ciibsaan yoom dhufe

2.Obbo qalbeessaan midhaan adda addaa kanneen akka xaafii boqqolloo baaqelaa ataraafi talbaa oomisha.

3.Yaa rabbi kana nubaraari.

4.Qormaanni dhiyaateera qalbiin dubbisaa.

5.Barattoonni kutaa shanii olii afaan sadii baratu Afaan Oromoo, Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraadha.

6.Faffatuma faffati hangan nyaadhu natu beeka jedhe, namichi.

7.Gaaddiseen barattuu qalbii qabeettiidha

II Sirna tuqaalee dhuma himaarratti argamaniifi hima keessa galan adda baasi.

- **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e**
  Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 10 ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

10.Keeyyata (paragraph)

Keeyyanni barreeffama gabaabaa himoota irraa ijaaramuun yaada tokko irratti xiyyeeffatudha.Himoonni haala seera afaan sanaan walitti qundaa'uun keeyyata ijaaru.Keeyyanni hima tokkoofi himoota tokkoo ol irraa ijaaramuu danda'a.haata'uyyuu malee, himoonni baay'achuun keeyyata tokko ijaaran yaada tokko qofa ibsu.

Hub.Himni tokkko keeyyata ta'uu danda'a yeroo jedhamu callisnee hima tokko barreessuun keeyyata ta'a jechuu miti.Barreeffamni keeyyata adda addaa irraa ijaarama. Keeyyattoota barreeffama sana keessaa keeyyanni yaada keeyyata itti aanee jiru waliin walqabatu hima dheeraa tokkoon barreessuun akka keeyyata tokkootti yeroo fayyadamnu nijira.

Keeyyanni wantoota bu’uuraa ta’an sadii ofkeessaa qaba.

- Hima ijoo/ yaada gooroo
- Hima calla/ yaada gooreefi
- Hima goolabaa jedhamu.

a)Hima ijoo

Himni ijoo yaada bu’uuraa barreessaan keeyyata sana keesssatti irratti xiyyeeffachuun dabarfachuu barbaadedha. Karaa biraa immoo himni ijoo yaada keeyyatichaa waliigalaan dimshaashessee ykn bakka tokkotti cuunfee kan dhiyeessudha.

Walumaagalatti, himni ijoo yaadolee himoonni caallaan dhiyeessan hunda kan ofjalatti ammatee jiru jechuudha.

i.Bakka argama hima ijoo

Himni ijoo keeyyata tokko keessatti bakka afuritti argamuu danda’a.

A.Jalqaba keeyyataa irratti

Himni ijoon jalqaba keeyyataatti argama yommuu jedhamu, keeyyanni barreeffamu tokko hima yaada cuunfaa keeyyata sanaan eegaluun yaaddeen callaa adda addaa dabaluun yoo xumuramedha.

B.Dhuma keeyyataa irratti

Inni kun immoo faallaa isa jalqaba irratti ilaalleeti. Yaadolee hima ijoo sana gabbisan ykn yaaddeen callaatiin eegaluun xumura irratti hima ijootu dhufa.

C.Gidduu keeyyataa irratti

Himni bu'uuraa yaada keeyyatichaa bakka tokkotti qabatee jiru yookiin himni ijoo himoota keeyyata ijaaran keessaatti gidduutti yoo argamedha.Kana jechuun keeyyatichi yaaddeen callaadhaan eegalee, gidduutti immoo yaada ijoo kaa'uun ammas yaadolee callaan dabalee ibsuun keeyyaticha yoo xumure, himni ijoo gidduu keeyyatatti argame jedhama.

D.Jalqabaafi dhuma keeyyataa irraatti

Kana jechuun immoo himni ijoo jalqaba keeyyataa irraatti akka seensaatti dhuufuun yaaddeen callaan erga babal'atee ibsameen booda akka hima goolabaatti jechoota biroon himni ijoon jalqaba tuqame irra deebi'uun yoo mul'atedha.

Walumaagalatti, keeyyanni tokko hima ijoo tokko qofa kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u, himoonni hafan immoo hima callaa yookiin hima deeggartootaa jedhamu.

b.Himoota callaa/ yaadolee gooree/ deeggartoota

Himoonnikun keeyyata tokko keessatti yaada ijoo keeyyatichaa babal'isuun ibsuun gaaffiiwwan hima ijoo sanarratti ka'uu danda'an kan deebisanidha. Kana jechuun hima ijoo sana ragaadhaan amansiisuun , fakkeenyaan deeggaruun himoota dhiyaatanidha.

c.Hima goolabaa

Himni goolaba , yaada keeyyata sanaa xumuruuf hima dhuma keeyyatichaa irratti argamu jechuudha.

10.1 Amaloota keeyyataa

Keeyyanni tokko yaada gaariifi yaada ifaa ta’e dabarsuuf amaloota bu’uura ta’a afur ofkeessaa qaba.Isaanis,

1.Walqabannaa

Himoonni walitti dhufuun keeyyata ijaaruu akka danda’a armaan oliitti ilaallee jirra. Kanaafuu himoonni kun walqabannaa qabaachuu qabu. Yaadni hima duraa keessa jiruufii kan itti aanee dhufu sun yaadaan kan walitti hirkatan ykn walqabatan ta’uu ykn immoo walqabsiistotaan walqabsiisuun himoonni walitti aanaan walunachuu qabu jechuudha.

2.Tokkummaa

Tokkommaa jechuun himoonni walta’uun keeyyaata ijaaran hundi isaanii yaada walfakkaatu ykn hima ijoo sana ala kan hinbaane jechuudha.

3.Qindoomina

Qindoominni immoo hima ijoo sanayaadoleen sirriitti ibsuu danda’an haala akkamiin yoo barreeffame keeyyata sana seeraan ifa taasisuun ergaa barbaadame akkaataa dabarsuu danda’uun qindaa’ee barreeffamuu isaa agarsiisa.

4.Tartiiba

Himoonni walitti dhufuun keeyyata yeroo uuman, akkasumaan himoota walqabsiisuun barreeffamu osoo hintaanee, duraa duuba isaanii haala adda addaan ilaaluun kaa'amu ykn barreeffamu.Kun immoo tartiiba himootaa eeguun keeyyata barreessu jedhama.Fkn. Kitaaba keessaan fuula 60, 81fi 85 ilaalaa.

5.Guutummaa

Guutummaa jechuun himoonni waliin ta’uun keeyyata ijaaran hundi guutuu ta’uun keeyyata sana guutuu taasisuu qabu. Kana ta’uu baannan garuu, keeyyanni sun rarra’aa ta’uun ergaa guutuu dabarsuurratti hanqina uuma.Kanaafuu, guutummaan keeyyataa barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf akka waliigalattii keeyyata armaan gadii haa ilaallu.

Nama dhukkuba vaayrasii koroonaan qabamerraa mallattoo adda addaatu mul'ata.Fakkeenyaaf, amma amma haxxiffata.Qufaa gogaa niqufa'a. Qufaan kunis dafee kan mul'atu miti. Sababni isaas, qufaan kun kan mul'achuu danda'u erga vaayresichi qaama seenee somba qabateeti. Ho'insi qaama dabaluufi dhukkubbiin mataa itti dhagahamuunis mallattoo isa biraadha.Kana malees, sirni hargansuu ykn afuura baafachuun itti cimaa deema.Sababoota kanaafi kana fakkaataniin dadhabbiin ittii dhagahamuun mallatto dhukkuba kanaa ta'uu danda'a.walumaagalatti, dhukkubni kun adeemsa keessa mallattoolee garaagaraa namarratti agarsiisaa deema jechuudha.

Keeyyanni armaan oliitti barreeffame himoota sagal(9) irraa ijaarame. Himoota kana keessaa tokko hima ijoo yoo ta’u, kanneen hafan immoo himoota callaa jedhamu. Himoonni kun hundi waliin ta’uun amaloota keeyyataa hunda guutuun kan barreeffamedha.

- Himni ijoo keeyyata kanaa jalqabaafi dhuma keeyyatichaa irratti argama. Akkuma ibsa isaa jalatti ilaalle hima ijoo lama qaba jechuu osoo hintaanee, himuma ijoo jalqabarratti dhiyaatettu jechoota biraan akka xumuraatti deebi’uun argama.

Himni ijoon keeyyata kanaa hima *“Nama dhukkuba vaayrasii koroonaan qabamerraa mallattoo adda addaatu mul’ata.”*Kan jedhu yoota’u, himni dhumarratti dhiyaates kanuma fakkaata.

Hub. Barreeffama ykn keeyyata barreessuuf dursa, waa’ee maalii akka barreessinuufi maal irratti akka xiyyeeffannu dursinee tarreeffachuu qabna. Adeemsi kun immoo **gumee qopheessuu** jechuudha. Gabaabumatti, gumee jechuun waan barreessinu karoorfachuu jechuudha.

Shaakala11

a)Himoota armaan gadiitti kennaman akkaataa amala keeyyataa tokkoo guutuu danda'aniin sirreessuun keeyyataa gaarii ta'e barreessi.

- Manni barumsaa sababa weerara dhukkuba vaayrasii koroonaan cufame.
- Gurmuun mana barumsaa J/Taaddasaa Birruu lakk. 2 barata.
- Sababa manni barumsaa cufameen, Gurmuun baay'ee gadde.
- Gadda isaa dhiisuun kitaabilee barnoota isaa dubbisuu eegale.
- "Barnnoonni manakootti"kan jedhu, erga eegaleen booda manni barumsaa cufamus, barchuun koo hindhaabbannee jechuun gammachuun hordofuu jalqabe.
- Gurmuun qormaataaf akka ofqopheesse guutummaan guutuutti ofitti amana.
- Gurmuun barataa cimaadha.

Shaakala dabalataaf kitaaba keessan fuula 81 ilaalaa

a) **Keeyyata armaan oliitti sirreessite keessaa hima ijoo adda baasuun barreessi.**

b) **Hima ijoo tokko filachuun keeyyata barreessi**

*Shaakala dabalataaf kitaaba keessaan irraa boqonnaa baay'ee keessatit gara dhuma gilgaalaa waa'ee keeyyataa irratti xiyyeeffata waan ta'eef sirriitti ilaaluun shaakalaa.**fknf.** Fuula 70, 81, 85, 88fi kanneen biroos ilaaluu dandeessu*

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 11 ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

11.Afoola

Afoola jechuun hawaasni jiruufi jireenya isaa keesaatti waan itti dhimma bahu sammuu isaan kalaqee dhimma itti bahuun dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbaa kan dhufedha. Afoolli Oromoo akaakuwwan adda addaa qaba.Akaakuun afoolaa bifaafi amala mataa isaanii qabu.

- Akaakuuwwan afoolaa:
- Hibboo
- Sheekkoo
- Sirba/ weedduu
- Mammaaksa
- Geerarsa
- Jechama
- Dubbii qolaa
- Tapha ijoollee
- Baacoo
- Cigoofi kkf

A.Hibboo

- Hibboon akaakuu afoolaa keessaa isa tokko ta’ee, tapha gaaffiifi deebiin dhiyaatudha. Taphni hibboo yeroo baay’ee ijoolleedhaan kan taphatamu haa ta’uyyuu malee, namoonni ga’eeyyinis nitaphatu.

Faayidaan hibboo daa’immaan:

- Waan tokko xiinxaluu akka danda’aniifi
- Sammuu isaanii ciminaf.
- Bashannanaaf
- Kana malees, dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii cimsuufi kkf

Akaakuu hibboo

i.Hibboo hibbakaa

ii.Hibboo teenteenee

Hibboon teenteenee daa'imman akka umrii isaanitti dangeessuutiin naannoo isaaniifi hawaasa olla isaanii akka hubataniifi hanga dandeettii isaanii akka waa yaaduu danda'aniifkan isaan tajaajiludha.

Taphni kun seera mataa isaa qaba. Kunis, miseensa maatii tokko keessa jiran akkaataa itti adda baasan qaba.

Gaafataa: Hibboo

Gaafatamaa: hibbaka

Gaafataa: abbaa manaa, haadha manaa, jibicha, gormsa jechuun gaafata.

Jibichakan jedhu **dhiira** **Goromsa** kan jedhu immoo **dubara** bakka bu'a.

Hibboo hibbakaagosni hibboo kanaa immoo waanta beekama tokko akka icciitiitti hiikuun kan taphatamudha.

Seera hibboo

Hibboon yoomiifi essatti akka taphatamu ykn yoomessa mataa isaa qaba.Hibboon galgala yeroo boqonnaa ijoollee hanga irbaanni ga'utti manatti taphatama.Kanaafuu yoo dogoggoraan guyyaa hibboo jedhan, **"hibboon guyyaa hinjirtu mukatti saadirtuu"**, jedhama

Adeemsa ittiin taphatamus niqaba.

Gaafataan: **Hibboo** yoo jedhu

Gaafatamaan :**hiph/ hiphiph/ hib/ hibib** jechuun jalaa qaba. Sana booda gaafataan gaaffii isaa gaafata.Yeroo kana gaafataas ta’e, gaafatamaan waan jedhu qaba.Gaafataan “**naqorattu**” jedha daangaa deebii akka hindhiphisanneef, gafataamaan immoo “**sin qoradha**” jedha.Inni immoo daangaa deebii irra barbaadu dhiphisachuufi. Egaa seerri kun hojii irraa ooluuf kan dursee dubbateef kennama.

Dhumarratti gafataamaan yoo deebii sirrii dhabe seera ittiin deebii dhagahu qaba.Innis, gaafataan, biyya naaf keenni yookiin baksaa naobaasi jedha. Gaafataan erga biyya fudhatee ykn baksaa isaa dhugeen booda ni arrabsa.

Fknf.

Biyya kennameef faarsuun ykn baksaa kennameef jajuun akkas jechuun arrabsa:

Muka gugguufaa jala bahi

Ganna dhudhuufaa bahi.

Handaqiirra ciisi

Albaattii gadhiisi. ……..

…… jechuun erga arrabseen booda bira geessse biraa deebite, jedhee deebii itti hima.

Fakkeenya,

- Bahu mana ilaala galu ala ilaala. Deebiin **gaafare'ee**kan jedhu ta'a.
- Haati ilmoo baatti, ilmoon jara kudhan baati. **Hobcii, Majiifi quba harkaa**
- Goodoon gama kanaa balballi ishee lama.**Funyaan**
- Harkaan facaasanii ijaan funaanu. **Barreeffama**
- Ulee abbaan koo naamure hincabus hindabus. **Maqaa**
- Re'oonni a'adiin midhaan fixan.**Ilkaan**

Shaakala 13

Deebii hibboo armaan gadii kenni.

1. Hamma xisii geessii biyya waliin geessi.
2. Kan shantamni dhaabe shantamni hinbuqqisu.
3. Hammam dheerateyyuu harma saree hinqaqqabu.
4. Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti.
5. As siqxa achi siqaxa, cittookee akkam jirta.
6. Ijoolleen koo arfan boolla tokkotti fincoofti.
7. Miila afur qaba danda'ee laga hince'u.
8. Intalakoo dibeen, uleen waaqatti ol erge.
9. Ganama ol deema; galgala gad deema.
10. Abbaan bakka taa'ee hinka'u; haati deemtee hingaltu; mucaan boossee hindhiistu

Shaakala dabalataaf kitaaba keessan fuula 64 irra kan jiru dabalataan shaakala.

B.Mammaaksa

Mamaaksi yaadaa ykn dubbii dheeraa ta’e hima gabaaban kan dhiyyeessudha. Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti bakka guddaa qaba.Sababni isaas, mammaaksi jechoota muraasa waan fayyadamuuf yeroofi bakka qusachuun yaada akka salphaatti hindagatameen ergaa bal’aa dabarsa.Mammaakksi dubbii fidas dubbii fixas.Mammaaksi qabiyyee isaa irratti hundaa’uun waan adda addaa ibsuuf nugargaara.Fakkeenyaaf, **tuffii, xiiqii, gaabbii, gowwummaa.tooftaa, abshaalummaa, ofittummaa, aantummaa**fi kkf ibsuuf gargaaru.

•

Fakkeenya,

- Aak jedhan waa tufan, mammaakan waa himan.
- Harreen waldhiitteef ilkaan walirraa hinfixxu. (aantummaa)
- Erga waraabessi darbee sareen dutti. (gaabbii)
- Yoo ijji bade bakki ijaa hinbadu. (dhugummaa)
- Hamma namaa hingeessu, cabsa namaa hinteessu.(tuffii)
- Mixiin walqabatee laga ceeti (tokkummaa)
- Jaamte hinjaamti malee, saree fuula hindhiqani. (tuffii)
- “Kan garaa malee, kan maqaa yoom nadhibe” jedhe waraabessi. (ofittummaa

Shaakala 14

.Mammaakasa armaan gadii bakka hir’atan guuti.

1. Boolla guyyaa arganitti _____ .
2. Eeboo darbatanii_____ hinqabatani.
3. Haadha gabaabduu _____ hitiyyaa seeti.
4. _____ qal’atuyyuu hincittu.
5. “Niitiin kee deesse” jennaan, _____ jedhe.
6. Ollaan bulte beeka, _____ abbaatu beeka.
7. “Lama nasuufani” jette jaartiin _____ hattee.
8. Akka abaluun sirbaan, _____ nama cabsa.
9. _____ alanfannaa hinta’u
10. Baraafi _____ gad jedhanii dabarsu

C.Sheekkoo

Akaakuu afoola keessaa isa tokko ta’ee bifa holooloodhaan dhiyaata.Wantoota adda addaa dhala namaa irra gahuu danda’u bineensotaan walqabsiisuun karaa ittiin dhalli namaa walqeequ, walgorsu, walbarsiisuufi tooftaa ittiin rakkoo keessaa bahuu danda’u walhubachiisuuf itti fayyadamudha.

Fakkeenyaaf, *Kitaaba keessan fuula 65 ilaalaa*

D.Jechama

Jechamni qaama afoolaa keessaa isa tokkodha. Jechamni jecha tokkoofi tokkoo olirraa kan ijaaramu ta’ee, hiika irra keessaaykn ifaafi hiika addaa ykn dhokataa hawaasni itti dhimma bahuofkeessaa qaba. Hiikni addaa kun**jechama** jedhamuun beekama.

Fakkeenya,

Namichi **gurra guddaa** qaba

Gurra guddaa kan jedhu kun hiikni sirriin inni kallattii qaama namaa mataa iraatti argamu sun bocaan bal’aa ykn guddaa ta’uu mul’isa. Hiikni addaa gaaleen kun hawaasa sana biratti qabu **beekamaa** kan jedhu waan bakka bu’uuf **jechama** jedhama.

a.Garaa bal’ata = obsa qaba

b.Bofarra ejjete = salphate

c.Harkaan deema = nihata

d.Gurra mure = gowwoomse

Shaakala 15

Jechamoota armaan gadiif hiika isaanii kenni.

1.Quba nyaate
2.Nyaara haaddatte
3.Qarree buufatte
4.Harka qal’eessa
5.Gorora liqimseera
6.Harka bal’eessa
7.Afaaniif funyaan
8.Garaa nyaate
9.Dallaa hirkise
10.Eeboo qare

E.Dubbii qolaa / Malleen dubbii

Dubbiin qolaa fayyadama afaanii kan haala salphaa ta’een ergaa tokko nama hubachiisanidha. Akkuma moggaasa isaa irra hubatamu malaan / tooftaan dubbachuuf kan nama gargaarudha.

Akaakuu Malleen dubbii

1.Akkaasa, akkaasni dubbii qolaa ykn malleen dubbii keessaa isa tokko kan ta’ee, waan tokko jecha “**akka**” jedhu fayyadamuun waan biraa ibsuuf kan ooludha.

Fkn.

- Obsaan **akka** fardaa fiiga.
- Tufaan **akka** booyyee nyaata.
- Ilkaan isaa **akka** cabbie addaata.

2. **Bakkuusa / iddeesa,** akaakuun dubbii qolaa kun immoo amala waan tokkoo guutummaan guutuutti kan biroof kennuun kan ibsudha.

Fkn.

- Deebisaan leenca.
- Sanyii kootu kannisa
- Isheen farad.
- Haaluma armaan oliitti fakkeenya irraa hubanneen, Deebisaan leenca yemmuu jedhu, guutummaan guutuutti amala leencaa Deebisaf kennuun bakka leenca buuseera.Kanaaf, bakkuusa jedhame.

3. **Nameessa,** nameessi immoo amala dhalli namaa calaqqisiisu yookiin gocha dhalli namaa raawwatu waantota adda addaaf kennuun waan isaan raawwatan fakkeessuun kan mul'atudha.

Fkn.

- "Sagal elmamus,sagaltamni elmamus koo qiraacumatti," jette adurreen.
- "Ofii baqnee, namaaf ibsina", jette shaamaan
- "Otuma beeknuu huuba wajjin" jette, sareen.
- Urgaan abaaboo gama sanaa ofitti nama waama

4. **Arbeessuu / gurra guddisuu,** arbeessuun waan tokko garmalee guddisuun dhiyeessuudha.

Fkn,

- Ililleen qaqaa harcaase.
- Waraabessi ani arge hamma arbaa gaha.
- Qormaanni har’aa akka dhagaa ulfaata
- Konkolaataan daandii iratti walitti bu’ee daakuudhuma ta’e.

5. **Habalaka / nyarsee,** kun immoo dubbii qolaa keessaa isa tokko ta’ee, tooftaa ittiinwaan tokko faallaa isaatiin ibsanidha.

Fkn,

- Nama gabaabaa ta’een **birbisoo**
- Nama gurraachaan **faranjii** fakkaata *fuula 99 ilaalaa*

F.Ciigoo

Ciigoo jechuun immoo jecha yookiin gaaleen walaloo bo’oo lamaafi isaa olkeessatti dhuma bo’oo sanaa irratti kan argamu ta’ee, yaada walqabataa lama kan qabudha. Innis, dubbi dacha ykn sobbooqoo, soorgoofi sookoo ofkeessaa qaba.

Sobbooqoo (dubbii dachaa)kan jedhamu akkuma armaan oliitti ilaalle jecha ykn gaalee ergaa lama ofkeessaa qabudha.

Soorgoon dubbii dachaa kana keessaa yaada isa irra keessaa kan walaloo bo’oo tokkoffaa waliin ilaalamuun hiika ifaa kan agarsiisudha. Gabaabumatti hiika fuulleetti argamudha.

Sookoon immoo akkuma maqaa isaa irraa hubatamu hiika sirrii walaloo sana waliin kan qabu osoo hintaanee sokee ykn isa dhokataa kan mul’isudha.

Fkn.

1.Otoo karaa deemnu mana deemnee,

Seenaa ijoollee Oromoo kan nuun jedhu dhabne.

Dubbii dachaan /sobbooqoon = Seenaa ijoollee Oromoo

Soorgoo = ol gala /taa'aa kan jedhu dabne.

Sookoo = odeeffannoo waa'ee Oromoo kan nuuf kennu dhabne

2.Albuuda Oromoo Taaddee ilma Birruu,

Karaa kee qabatee namnuu irraa goruu

Dubbii dachaan /sobbooqoon = Karaa kee qabatee

Soorgoo = Daandii

Sookoo = Qabsoo kee/ hojii kee

3.Yaa intala ilkaan baddeessaa,

Quba natti hinqabiin namadeessaa!

Dubbii dachaan /sobbooqoon = namadeessaa

Soorgoo = qaama koo na waraana.

Sookoo = mucaa godhatta

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 12 ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

12.Xalayaa

Xalayaan meeshaa walquunnamtii barreeffamaan namoonni bakka adda addaa jiraatan ittiin walqunnamanidha.Innis, bakka lamatti qoodama.

Isaani, Xalayaa dhuunfaa ykn firaafi

Xalayaa hojii jedhamu.

Xalayaa dhuunfaa, xalayaa hiriyyaa yookiin firaaf barreeffamudha.Dhimmi xalayaa kanaa nagaa gaafachuuf, odeeffannoo yookiin ergaa dabarsuuf xalayaa barreeffamudha.

Xalayaa hojii, xalayaan kun immoo mana hojii mootummaas ta’e mana hojii dhuunfaaf kan barreeffamudha. Xiyyeeffannoon xalayaa kanaa immoo iyyannoo dhiyeeffachuuf, qajeelfama ykn ergaa adda addaa dabarsuuf kan ooludha. Kunis, namni dhuunfaa waajjiraaf, wajjirri waajjiraaf akkasumas waajjirri nama dhuunfaa xalayaa barreessudha.

Kutaalee xalayaa

Xalayaan barreeffamu tokko kutaalee adda addaa qaba.Isaanis, **teessoo, qaamaafi cufaa**dha.**Qaamni** mataan isaa bakka sadiitti qoodama: **seensa, ergaa fi xumura** qaba. *Ibsa bal'aaf kitaaba barattoota kutaa torba irra ilaalaa.*

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Seemisteera 2ffaa Lakk 13 ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

13.Barreeffama

Barreeffamni, karaa odeeffannoon ittiin darbu keessaa isa tokkodha.Barreeffamni kunis bakka lamatti qoodama.Isaanis, barreeffama **hololoo**fi barreeffama **walaloo** jedhamu.

Hololoon gosa barreeffamaa namni barate hundi kamiyyuu himoota gabaabaafi dheeraan fayyadamuun aada isa keessa jiru barreessuun qaama biraaf ykn dubbisaaf dhiyeessudha**.**

Fknf.

Yaadannoo qabachuu

Seenaa jireenya ofiifi nama biroo barreessuu ibsuufi kan kana fakkaatan hunda jechuudha. Barreeffamni hololoo yoo dheeraa ta’e keeyyataan qoqqoodama. Barreeffamni kitaaba keessan keessatti boqonnaawwan jalatti barreeffamni dhiyaate boqonnaa 21fi 22 irraa kan hafe hundi bifa hololoon barreeffamaniiru

Walaloo, walaloon akaakuu barreeffamaa keessaa isa tokko ta’ee, gaggabaaboofi filatamoo ta’an kan fayyadamudha. Dhumni bo’oo walaloosagalee walfakkaatuun xumurama.Yeroo dubbifamus yeedaloo mataa isaa qaba. Kanaaf yeroo dubbifamu miira gammachuu namakeessatti uuma. Jechoonni walaloo keessatti fayyadamnu haa gabaabbatan malee ergaa cimaa kan ofkeessatti qabachuu qabu. Kanaaf walaloo barreessuuf jechoota filachuun barbaachisaadha.**Fknf**.*Barreeffama kitaaba keessan keessaa boqonnaa 21fi 22 ilaaluu dandeessu.*

Asoosama

Asoosamni akaakuu barreeffamaa keessaa isa tokko ta’ee, barreessaan waan hawaasa keessatti niraawwata jedhee yaadu tokko waan raawwate fakkeessee sammuu isaa keessatti kalaquun dubbistootaaf dhiyeessudha.Asoosamni qabiyyee isaa irratti hundaa’uun asoosama gabaabaafi asoosama dheeraa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Asoosamni gabaabaan akkuma maqaa isaa hubatamutti ergaa gabaabaa ta’e tokko yeroo gabaabaa keessatti kan dabarsu yoo ta’edha. Asoosamni dheeraan immoo yeroo dheeraafi dhaamsa bal’aa ofkeessaa qaba.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dhaabbata READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Deebii Shaakalaa Lakk1- 13 ffaa

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

•

14.Deebii Shaakalaa

Shaakala1

Dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu akka gabbifataniif

Shaakala 2A

1.Gube/wade

2.Lapheedhaan lafarra foqoquu

3.Beelada manaa luka lama kan qabdu

4.Kan daa’ima deessee hoosiftee guddiftu

5.Bineensa bosonaa raqa adda addaa

2B

1= E 2= F 3 =C 4 =A 5 = D

2C

1.Kaawwachuu
2.Safare
3.Socho’uu
4.Soorate
5.Natti siqxee/ cinaa
6.Qare
Shaakala 3
1.Fayyaduu
2.Agarsiise
3.Ife
4.Hangafa
5.Doqna

7.Siree
8.Gaagura
9.Kofoo / surree
10.Dhaggaa, Bishaaniifi Raacha

Shaakala 14

1.Halkan hindeemani
2.Jinfuu
3.Intalli
4.Dhugaa
5.Eenyuun dhiira gootee
6.Akka itti bule
7.Qullubbii adii
8.Morma / boquu
9.Hammarrannaan
10.Murxuxxe

- **6.Dhiyoo**

2C

1.Kaawwachuu
2.Safare
3.Socho’uu
4.Soorate
5.Natti siqxee/ cinaa
6.Qare

Shaakala 3

1.Fayyaduu
2.Agarsiise
3.Ife
4.Hangafa
5.Doqna
6.Dhiyoo

Shaakala 4

- Aadaa
- Barbaachisumma
- Barbaadame
- Bokkaa
- Bookaa
- Sabboonaa
- Seera
- Sirba
- Yaada
- Yaalii

Shaakala 5

1.Gaalee maqaa

2.Gaalee xumuraa

3.Gaalee durduubee

4.Gaalee maqibsii

5.Gaalee maqaa

6.Gaalee maqaa

Shaakala 6

1.Ciroo hirkataa

2.Caaltuun waan mucucaattee kufteef,

3.Yoo jabaatanii hojjetan malee,

4.Yoo beelofte,

5.Isheen badii ishee waan bektuuf,

Ciroo ofdanda’aa

1.mana yaalaa deemte.

2.guddinni hinjiru.

3.daabboo nyaadhu.

mana baqatti.

Shaakala 7

1. Qullubbii adiin nyaataaf duwwaa kan oolu miti.
2. Inni hoolaa korbeessa bite.
3. Fageenya keenya eeguun dhukkuba vaayirasii koroonaa ofirraa haaittisnu!
4. Tolaan ganamaan ka’ee, farda isaa fe’atee karaa deeme.
5. Karaa dhukkubni vaayrasii koroonaa dadddarbuu danda’u himuudandeessaa

Shaakal 8

Fakkeenya kennuun akka sakalaniif gaaffii banaa ta’edha.

Shaakala 9

a.Hima Salphaa

b.Hima Xaxamaa

c.Hima Salphaa

d.Hima Dachaa

e.fHima Dachaa xaxamaa

Shaakal 10

1.Ciibsaan yoom dhufe?

2.Obbo qalbeessaan midhaan adda addaa kanneen akka xaafii, boqqolloo, baaqelaa, ataraafi talbaafaa oomisha.

3.Yaa rabbi!kana nubaraari.

4.Qormaanni dhiyaateera; qalbiin dubbisaa.

5.Barattoonni kutaa shanii olii afaan sadii baratu: Afaan Oromoo, Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraadha.

6.“Faffatuma faffati, hangan nyaadhu natu beeka” jedhe, namichi.

7.Gaaddiseen barattuu qalbii qabeettiidha.

Shaakala 11 a

Gurmuun barataa cimaadha.Mana barumsaa J/Taaddasaa Birruu lakk.2 barata.Manni barumsaa sababa weerara dhukkuba vaayrasii koroonaan cufame.Sababa manni barumsaa cufameen, Gurmuun baay'ee gadde.Haata'u malee gaddaisaa dhiisuun kitaabilee barnoota isaa dubbisuu eegale."Barnnoonni manakootti" kan jedhu, erga eegaleen booda manni barumsaa cufamus, barchuun koo hindhaabbannee jechuun gammachuun hordofuu jalqabe.Gurmuun qormaataaf akka ofqopheesse guutummaan guutuutti ofitti amana.

bGurmuun barataa cimaadha.

Shaakala 12

A

1.Isa
2.Isaan
3.Isheen
4.Ishee
5.Inni

B

1.Inni
2.Ani
3.Ati
4.Koo, kee, keenya, kansaa, …..
5.Isaan

Shaakala 13

1.Abidda
2.Awwaala
3.Karaa
4.Qawweefi rasaasa
5.Gomjii / sumsumman
6.Mucha sa’aa
7.Siree
8.Gaagura
9.Kofoo / surree
10.Dhaggaa, Bishaaniifi Raacha

Shaakala 14

1.Halkan hindeemani
2.Jinfuu
3.Intalli
4.Dhugaa
5.Eenyuun dhiira gootee
6.Akka itti bule
7.Qullubbii adii
8.Morma / boquu
9.Hammarrannaan
10.Murxuxxee

Shaakala 15

1.Gaabbe
2.Kan qaanii hinbeekne
3.Heerumte
4.Hiyyeetti / kan waa hinqabne
5.Raageera
6.Arjaa
7.Dhiyoo
8.Shakke
9.Hiyyoome
10.Dubbii barbaade